Luqqisii Ijoo isa qaama seenichaa ta'e barsiisi. ***Luq. 5: 24***. "Ilma Namaa" jechuun maqaa biraa gooftaa Yesuus ta'uu isaa ibsi.

### YAADADHU

Akka keessa deebii seenaatti gaaffii kana ijoollee gaafadhu .

- Namichi hiriyoota meeqa qaba ture?
- Rakkoon namichaa maal ture?
- Hiriyaa isaanii gara Yesusitti geessuun kan ulfaate maaliifi?
- Akkamitti gara manichaatti seenan?
- Yesus jalqaba namichaan maal jedhe?
- Namoonni tokko tokko kan aaran maaliifi?
- Yesus cubbuu namichaaf dhiifama akka godhe akkamitti argisiise?
- Gooftaan Yesuus wanti nuuf gochuu danda'u inni guddaan maali?

## B8 Seenaa 4

**Namoota Yesus qunname: Maatewos - Seenaan kun waa'ee Yesus duuka buu'uuti.**

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Yesus jireenyi Maatewos maal akka fakkaatu beeka ture, garuu ammas akka isa duukaa bu'u barbaada ture.<br>• Yesus akka isa duuka buunu barbaada.<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Luq. 5: 32***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Luq. 5: 27 - 32*** |
| **SEENSA** | Ijoollee wajjin waa'ee gosoota hojii yeroo guddatan hojjechuu barbaadan irratti mari'adhaa. Hojiiwwan kana hojjechuun maalif gaarii akka ta'u madaali.<br>Yookaan<br>Ijoolleen maal akka ta'an akka tilmaamaniif hojiiwwan hawaasa keessan keessatti beekaman tokko tokko iratti maayimii sasalphoo hojjadhaa.<br>Seenaan har'aa waa'ee nama Maatewoos (Leewwii) jedhamu kan qaraxa sassaabaa ture akka ta'e ibsi. Karaa cinaa taa'ee gibira ummata irraa walitti qabuun warra Roomaa itti gaafatamaa biyyattii ta'aniif dabarsaa ture. Har'as gibira kaffaluu fi maaliif akka itti fayyadamnu eeruu ni barbaadda ta'a.<br>Haala nama gaddisiisuun namni tokkollee dhugumaan Maatewosiin hin jaallatu turre. Namoonni gibira sassaaban diinaaf (warra Roomaa) waan hojjetaniif qofa osoo hin taane yeroo tokko tokko maallaqa argachuu qaban caalaa fudhatanii ofii isaaniif waan hambifataniif jibbamaniiru. |
| **BARSIISI** | • Gaaf tokko Yesus Maatewos hojii isaa hojjechaa akka jiru arge. *Yesus waa'ee Maatewos maal akka yaade tilmaami - Maatewos nama akkamii akka ta'e beekaa? Eeyyee beekamaadha ...Waa'ee tokkoon tokkoon keenyaa waan hundumaa ni beeka. Yesus Maatewos wajjin walitti dhufeenya qabaachuu ni barbaadaa? Eeyyee! Maatewos dhugamaan gosa nama Yesus gargaaruuf dhufe ture - Jireenya Maatewos jijjiiruu danda'a!* Kanaaf, Maatewos cinaa dhaabatee, "Na duukaa bu'i" jedhe. ***(Luq. 5: 27 )*** *Maatewos maal godha? Filannoo Maatewos gochuu qabu dhiheessi.*<br>• Maatewos waan gochuu barbaadu battaluma sanatti beeka ture. Inni Yesusiin duukaa bu'a! Yesus isa afeeruunsaa baay'ee nama dinqisiisa! Innis ka'ee, waan hundumaa dhiisee, Yesuus wajjin deeme. ***(Luq. 5: 28)***<br>Gooftaan Yesus tokkoon tokkoon keenyaaf akka isa duuka buunuuf afeerraa akka nuuf kennuu fi jireenya keenya keessatti akka isa qabaannu akka afeerraa nuuf kennu ibsi. Nutis filannoo gochuu qabna.<br>Maatewos michoonnisaa Yesusiin akka wal arganii fi jireenyi isaa akkamitti akka jijjiirame akka isaanitti beeksisuu barbaade. Kanaaf, Yesusii fi duuka buutota isaa wajjin mana isaa keessatti irbaata nyaachuuf isaan affeere. Namoonni achi turan tokko tokko Yesus Maatewosii fi michoota isaa wajjin walitti makamuun isaa dogoggora akka ta'e yaadan. Yesus cubbamoota utuu hin ta'in namoota gaarii wajjin yeroo dabarsuu qaba jedhanii yaadan. Isaan namni hundi cubbamaa ta'uu isaa hin hubanne. Yesus maaliif gara lafaa akka dhufe isaaniif ibse – namoota jireenyi keenya ga'aadha jedhanii yaadaniif osoo hin taane warra cubbuu akka hojjatan beekanii fi cubbuu isaaniitti gaddaniifi. ***(Luq. 5: 29 – 32)***<br>Yesuus cubbuu hin jaallatu, garuu cubbamoota akka Maatewos fi nu ni jaallata! Nutis isa duukaa bu'uu fi dhiifama argachuuf isa amanachuu qabna.<br>• Booda Waaqayyo Maatewos hojii baay'ee barbaachisaa ta'e akka hojjetuuf filateen. Kitaaba kakuu haaraa isa jalqabaa barreesse. Guyyaan inni Yesusiin duukaa bu'ee Yesus jireenya isaa keessatti wantoota dogoggora ta'an akka ilaalu murteesse guyyaa baay'ee gammachiisaa ture. Sana booda jireenyi isaa jijjiirame.<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI dabalata A irratti ilaali – Namoota Yesus qunname: Maatewos. |
| **BARADHU** | Bakka barbaachisaa ta'etti, luqqisii ijoo ***Luq. 5: 32*** *barsiisaa* ibsi. Jechoota ulfaatoo kamiyyuu ibsaa – fkn. qajeelaa fi qalbii jijjiiirrannaa. |
| **YAADADHU** | Haala daree keessatti ijoolleen suuraa namoota adda addaa Yesus seenaa kana keessatti wal bare irraa ijaarame kolaajii hojjechuu danda'u. <u>Yookiin</u> immoo battallee keessa deebii B8 hunda irratti hundaa'e qabaachuu dandeessa, gaaffilee filatamoo yaadannoowwan duraa irraa fi muraasa waa'ee Maatewos fkn.<br>• Hojiin Maatewos maal ture?<br>• Yesus Maatewosiin maal jedhe?<br>• Maatewos erga Yesusiin duuka bu'ee booda maal godhe? |

## B9 Seenaa 1

## Dhalachuu Musee - Seenaan kun waa'ee kunuunsa Waaqayyooti.

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Waaqayyo Museef ni yaadda, nuufis ni yaada. (Sadarkaa 1ffaa) .<br>• Waaqayyo jireenya Museetiif karoora qaba ture, akkuma nuufis qabu. (Sadarkaa 2ffaa) .<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Ibr. 11: 23***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Bau. 2: 1 - 10*** |
| **SEENSA** | Karoora ijoolleen ittiin waliin galuu danda'an eeruun jalqabi - fkn. karoora mana barumsaa guyyaa sanaa, bakka sochiin tartiiba murtaa'een raawwatamu. Waaqayyo tokkoon tokkoon jireenya keenyaaf karoora akka qabu ibsi. Maatiin nuti keessatti dhalannee fi wantootni nu mudatan akka tasaa miti – kanaa mannaa, Waaqayyo akka isa tajaajillu nu qopheessuuf itti fayyadama. Seenaawwan kanneen keessatti waa'ee Musee barachuuf jirra. Waaqayyo Museen yeroo guddatu hojii baay'ee barbaachisaa ta'e tokko qabaaf ture. Har'a waa'ee Waaqayyo Musee akkamitti ijoollummaa isaatti akka eege ni baranna. Seenaan Musee kitaaba Macaafa qalqulluu isa lammaffaa keessatti argama. *Maqaa kitaaba kanaa namni beeku yoo jiraate gaafadhu bakka inni jiru isaanitti agarsiisi.*<br>Akka filannootti, seenaa kana ijoollee sadarkaa 1ffaa yoo barsiisaa jirta ta'e, waa'ee daa'imman haaraa haasa'uu dandeessu, tarii meeshaalee tokko tokko kan isaan nageenya isaanii eeguu fi isaan gammachiisuuf barbaachisan qabaachuu dandeessu. |
| **BARSIISI** | • Seenaa duubbee Israa'eloonni (Ibiroota) garboota ta'uu isaanii gabaabinaan ibsi – seensa barannoo sadarkaa 2ffaa ilaali. ***(Bau. 1: 1-11)*** Mootichi Fara'oon lakkoofsi Israa'elotaa akka hin baay'anne dhaabuuf murteessee waan tureef, ijoollee dhiiraa Israa'elotaa hunda laga Abbayyaa keessatti bishaaniin liqimsiisuuf murteesse. ***(Bau. 1: 22)*** *Haati fi abbaan Israa'elota ta'an tokko reefuu mucaa dhiiraa haaraa utuu godhatanii maaltu itti dhaga'ama ture?*<br>• Mana tokko keessatti daa'imni dhiiraa fayyaa qabu bareedaan dhalate. Warri isaas Waaqayyo akka isa eegu amananii mana keessatti isa dhoksan. Ji'a sadii booda garuu kana booda isa dhoksuu hin dandeenye. Maaliif? Haati isaa bidiruu xinnoo kan bishaan hin galchine dhalladduu irraa tolchitee (ibsi), daa'imicha achi keessa galchitee leeleedhaa fi hapheedhaan maragdee qarqara lagichaa jajjaba keessa dhoksite. Miiriyaam, obboleettiin daa'imichaa waan ta'u ilaaluuf achitti turte, garuu nageenya daa'ima sana eeguu kan danda'u Waaqayyo qofa. ***(Bau. 2: 1 - 4)***<br>• Kutaa seenaa itti aanu haala dinqisiisaa ta'een himi – akkamitti Miiriyaam giiftii (intala Fara'oon) fi gargaartota ishee waliin dhufan akkamitti akka hubatte ibsi. Daa'ima sana ni hubattii? Mootichatti ni himti? Eeyyee, giiftittiin bidiruu sana argitee gargaaraa ishee akka isheef fidu gaafatte. Daa'ima Ibruu yeroo argitu deebii isheen kennite ibsi. Giiftittiin akka inni miidhamu hin hayyamtu turte! Waaqayyo daa'ima sana nagaa eeguuf hojjechaa ture! ***(Bau. 2: 5 – 6)***.<br>• Achiis Miiriyaam gara fuulduraatti dhuftee daa'ima sanaaf kunuunsituu barbaaduuf gaaffiii dhiyeessite. Eenyu argatti turte? Giiftittiin isheen walii galte, Miiriyaam haadha ofii barbaaduuf fiigde! Kanaaf, haati daa'imichaa giiftittiin waan walii galteef nagaa guutuudhaan mana keessatti isa ilaaluu dandeesse. Booda daa'imni sun guddachuun mucaa yommuu ta'u, giiftittiin masaraa Fara'oon keessa akka jiraatuuf isa fudhatte. Guddifattee Musee jettee waamte, hiikni isaas "bishaan keessaa baafame" jechuudha. ***(Bau. 2: 7–10)*** Amma Museen bulchaa Gibxii ta'ee ture!<br>• Ijoolleen waan ta'e hundumaa duuba Waaqayyo akka ture akka hubatan gargaari. Akka seera Fara'oonitti daa'imni sun bishaaniin liqimfamuu qaba ture. Maatiin Musee Waaqayyotti amantii qabu turan – Waaqayyo daa'ima isaanii akka kunuunsu amanatanii turan innis akkasuma godhe. Kun jalqaba hojjatamuu karoora Waaqayyooti. Waaqayyo jireenya keenya keessatti karoora isaa akka hojjatuuf akka isa amanannu barbaada.<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI dabalata B irratti ilaali – Dhalachuu Musee |
| **BARADHU** | Bakka barbaachisaa ta'etti, luqqisii ijoo ***Ibr. 11: 23*** *barsiisaa* ibsi (Sadarkaa 2ffaa). Ijoolleen sadarkaa 1ffaa hima jalqabaa barachuu danda'u. |
| **YAADADHU** | • Seenaan Musee kitaaba kam keessatti argama?<br>• Fara'oon daa'imman ijoollee dhiiraa Ibirootaa hunda maal gochuuf murteesse?<br>• Daa'imni kun yeroo hammamiif mana keessatti dhokatee ture?<br>• Haati maal hojjettee?<br>• Daa'ima eessa kaa'atte?<br>• Eenyuutu ilaaluuf laga bira ture?<br>• Eenyuutu daa'ima kana argate?<br>• Yeroo sanaa kaasee lubbuun Musee balaadhaaf kan hin saaxilamne maaliifi?<br>• Seenaa kana keessatti amantii kan argisiise eenyu?<br>• Musee kan eege eenyu? |

## B9 Seenaa 2

**Dogoggora Guddaa Musee - Seenaan kun Waaqayyo waan hundumaa akka argu nu barsiisa.**

**Akkas barachaa jirra:**

- Museen aariidhaan yeroo dafee tarkaanfii fudhatu dogoggora hojjate.
- Bu’aa badii hojjechuun nurra ga’u jalaa miliquu hin dandeenyu.

**Luqqisa Ijoo:** ***Bau. 2: 11 - 15***
**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Lakk. 32: 23***

### SEENSA

Yeroo tokko tokko waan hunda caalaa beekna jennee yaadna. Fakkeenya waan daa’imni tokko nama guddaadhaan akkamitti akka hojjetu agarsiifamuu danda’u filadhu, garuu daa’imni karaa isaatiin hojjeta malee sirriitti hin milkaa’u!
Torban darbe waa'ee Musee baranneerra. Gaaffii tokko tokko gaafadhu irra deebi'ii ibsi. Museen yeroo ijoollummaa isaatti eessa dhaqee jiraate? Sabni ofii isaa maal jedhama ture? (Israa’eloota/Ibroota). Ijoolleen garboota akka turan fi akkamitti warra Gibxiin gara jabinaan akka isaan ilaalame yaadachiisi. Seenaa har’aa keessatti Museen guddateera. Haala Museen caalaatti beeka jedhee yaade tokko baruuf sirriitti dhaggeeffadhu.

### BARSIISI

- Gaaf tokko Museen saba ofii daawwachuuf deeme. Akka tasaa isaan keessaa tokko nama Gibxiin yommuu reebamu arge. *Museen maaltu itti dhaga’ama ture?* (aarii, saba isaa ittisuu barbaaduu). Dafee Museen naannoo isaa ilaalee namni tokkollee akka isaan hin ilaalle argee namicha Gibxii irraa dhufe sana ajjeese. Sana booda reeffasaa cirracha keessa dhokse. Museen waan sirriin hojjadhe jedhee yaade, garuu hojjeteera? *Ijoolleen gochi Musee baay’ee dogoggora akka ta’e akka hubatan dandeessisi. (Sadarkaa 2: Waaqayyo badii nama Gibxii sanaa akkamitti akka ilaale yaada kennuu fi gara fuulduraatti Waaqayyo badii hundumaa akkamitti akka ilaalu eeruun ni barbaadda ta’a.) Museen wanta inni hojjete irraa ni miliqa jettee yaaddaa? Yoo hin taane maaliif hin ta'u?* ***(Bau. 2: 11 – 12)***
- Guyyaa itti aanutti Museen Ibroonni lama yeroo wal-lolan arge. Maaltu ta’aa jira jedhee yommuu gaafatu, namoota sana keessaa tokko, “Ati eegduudhaa fi abbaa firdii akka taatuuf eenyutu nu irra si kaa’e? Yookiis akkuma namicha Gibxii ajjeefte anas ajjeesuu barbaadde?” Amma Museen nama Gibxii sana yommuu ajjeesu akka argame ni beek. Amma maaltu itti dhaga’ama? (mootichi ni dhaga’a jedhee sodaate) Utuu baay’ee hin turin Fara’oon waan Museen hojjete dhaga’ee isa ajjeesuu barbaade. Museen lubbuu isaa baraaruuf gara biyya Miidiyaan jedhamtu kan biraatti fiiguun nama Yeetroo jedhamu tokkoof tiksee ta’ee hojjete. ***(Bau. 2: 13 – 22)***
- Waaqayyos waa’ee dogoggora Museen hojjete ni beeka ture. *Waaqayyo wanta nuti hojjennu hundumaa akkamitti akka ilaalu dubbadhu, nuti immoo badii keenya isa jalaa dhoksuu hin dandeenyu. Museen nama guddaa ta'us dogoggora hojjatee waan sirrii hin hojjanne. Hogganaa ta'uuf qophaa'uu isaan dura ammallee waan baay'ee barachuu qaba ture. Dogoggora Musee irraa barannee karaa sirrii isa gammachiisuun akka deddeebinu akka nu gargaaruuf Waaqayyotti hirkachuu qabna.*

**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**
**Agarsiisi:** Liinkii FBI dabalata B irratti ilaali – Dogoggoora Guddaa Musee

### BARADHU

Bakka barbaachisaa ta’etti, luqqisii ijoo ***Lakk. 32: 23*** *barsiisaa* ibsi. Luqqisicha dogoggora Musee wajjin walqabsiisi. Cubbuun Musee maal ture? Akkamitti argame? Akkasumas haala ittiin qabamnu ilaalchisee fakkeenya addaa kennuu dandeessa, kunis muuxannoo ijoollee wajjin kan walqabatudha.

### YAADADHU

Himoota sobaaf/dhugaa armaan gadii battalleef fayyadami.

- Museen nama Israa’el tokko ajjeese.
- Namni waan isa hin argine itti fakkaate.
- Namichi Ibruu kan biraan isa argee ture.
- Waaqayyo waan ta’e arge.
- Fara’oon Musee mana hidhaatti galche.
- Museen geggeessaa ta’uuf qophaa’uu isaa dura ammallee waan baay’ee barachuu qaba ture.

<u>**B9 Seenaa 3**</u>

**Museen huuxxii gubatu arge - Seenaan kun waa'ee waan Waaqayyo jedhu dhaggeeffachuuti.**

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Museen geggeessaa fedhii hin qabne ture, Waaqayyo garuu isa gargaaruuf waadaa gale.<br>• Waaqayyo qulqulluudha nutis yeroo hunda kana yaadachuu qabna.<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Bau. 3: 12***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Bau. 3 – 4: 17*** |
| **SEENSA** | Waa'ee waan barbaachisaa fi nama gammachiisu hojjachuuf gaafatamuu dubbadhu, fkn. itti gaafatamummaa ijoollee garee kee keessa jiraniif barbaachisaa ta'e. Yeroo akka raawwattuuf si gaafatan maaltu sitti dhaga'ame? (sodaachuu / osoo namni biraa gaafatamee jedhanii hawwuu?) Seenaan har'aa dogoggorri guddaan Musee erga raawwatamee waggoota 40 booda ta'a. Museen gammoojjii keessatti waggoota 40f tiksee ture. Waaqayyo isa hin daganne ture. Dhiifama isaaf gochuuf fedhii kan qabu si'a ta'u, amma hojii baay'ee adda ta'e akka hojjatuuf isaaf qaba ture. |
| **BARSIISI** | • Guyyaan hundinuu baay'ee wal fakkaata ture, hanga guyyaa tokko... Museen huuxxii abiddaan gubate tokko hubate. Wanti nama ajaa'ibu abiddi haa jiraatu malee baalli fi dameen gubachaa hin turre! Museen ilaaluuf itti dhihaatee ergasii Waaqayyo maqaa Musee waame. *Kutaa itti aanu himuuf jechoota Macaafa qulqulluu fayyadami. "Laftichi qulqulluudha" jechuun Waaqayyo achi waan tureef iddoo baay'ee adda ta'e jechuu akka ta'e ibsi. Waaqayyo qulqulluu fi nurraa adda ta'uu isaa hubachuu qabna. Waaqayyo akka keenyaa cubbuu hin qabu. Museen guddummaa Waaqayyoo waan hubateef kophee isaa ofirraa baasee fuula isaa dhokse.* ***(Bau. 3: 1 – 6)***.<br>• *Ijoolleen jireenyi Israa'elootaa Gibxii keessatti maal akka fakkaatu akka yaadatan gargaari.* Waaqayyo wanta badaa ta'aa ture hundumaa akka beekuu fi amma Gibxii keessaa gara biyya haaraatti akka isaan baasuuf jiru Museetti hime. Waaqayyo Museen geggeessaa isaanii akka ta'uu fi mooticha Fara'oon wajjiin haasa'uuf akka deemus barbaade. Museen gara Fara'oonitti deebi'uusaatiif maaltu itti dhaga'amuu akka danda'u qoradhu. ***(Bau. 3: 7 – 10)***<br>• *Deebii dhuunfaa ijoolleen seensa keessatti kennan fi tilmaama sirrii kamiyyuu kan isaan Museen geggeessaa ta'uu isaa ilaalchisee maaltu akka itti dhaga'ame godhan gidduutti walitti dhufeenya uumi. Sana booda mormii Musee fi mormii-deebii Waaqayyoo akka barreeffama Macaafa qulqulluu keessatti kennamee fi saanduqa dubbii barnoota Sadarkaa 2ffaa keessatti kennameen walqabsiisi.* Sadarkaa 2 ffaaf, tarjaa lamatti gabatee ykn garagalcha irratti galmeessuu barbaadda ta'a.<br>• Ani barbaachisummaaf gahaa miti – si waliin nan ta'a. ***(3: 11, 12)*** - Maqaa kee hin beeku – Maqaan koo ANI JIRA (maqaan kun Waaqayyo humna hundumaa akka qabu agarsiisa). Ani Waaqa abbootii keetii, Waaqa Abrahaam ***(3: 13 – 15)*** Isaan ana hin amanan – humna koo mirkaneessuuf dinqiin siif kenna. ***(4: 1 – 9)*** Jechoota sirrii dubbachuu hin danda'u – akka dubbattu si gargaara, waan jettus si barsiisa. ***(4: 10 – 12)*** Nama biraa ergi. ***(4: 13)*** – Aaron gargaaraa kee ta'a waan inni jedhu iitti himuu dandeessa.<br>*Museen nama geggeessaa ta'a jettee eegdu turee? Waaqayyo sababa inni dhiheessetti waan gammade sitti fakkaataa? Lakki!* Yeroo Gibxii turetti dogoggora hojjatus, sababota dhiheessus , inni filannoo Waaqayyoo ture. Seenaa keenya itti aanu keessatti akkamitti Museen dhumarratti akka abboomamuuf qophaa'ee fi Waaqayyo karoora isaa jireenya isaa keessatti hojjechuu itti fufuu akka danda'e ni baranna. Museen wanta fuuldura isaa jiru hundumaaf Waaqayyotti hirkachuu qaba ture.<br>• Yeroo tokko tokko Waaqayyo waan ulfaataa fakkaatu akka isaaf hojjennu nu gaafata. Inni nu waliin akka jiruu fi akka nu gargaaru yaadachuu qabna.<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI dabalata B irratti ilaali – Museen huuxxii gubatu arge |
| **BARADHU** | Bakka barbaachisaa ta'etti, luqqisii ijoo ***Bau. 3: 12a*** *barsiisaa* ibsi. Kun seenaa dheeraan booda luqqisii gabaabaadha. Ijoolleen mallattoo dhuunfaa kitaabaa irratti kaa'uu ykn tokkoon tokkoon daa'imaa waraqaa xixiqqoo xalayaa faayuu ykn maxxansiisuun koolaajii garee hojjachuu barbaadu ta'a. |
| **YAADADHU** | • Waa'ee huuxxee Museen arge maaltu ajaa'iba ture?<br>• Museen yeroo lafa qulqulluurra ture maal godhe?<br>• Qulqulluu jechuun maal jechuudha?<br>• Waaqayyo Museen hojii akkamii akka hojjetu barbaade?<br>• Sababa Museen waa'ee ofii isaaf kenne eeri.<br>• Museen waa'ee Waaqayyoo sababa akkamii dhiheesse?<br>• Waaqayyo Museen eenyuun akka fudhatu heyyame?<br>• Waaqayyo Musee irraa abdii hin kutanne. Maaliif? |

**B9 Seenaa 4**

**Museen ergaa Waaqayyoo Geessuu isaa - Seenaan kun waa'ee Waaqayoof hojjechuuf qophaa'uuti.**

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Museen dhumarratti wanta Waaqayyo isa gaafateef abboomame.<br>• Waaqayyo waadaa Museef gale eegeera, nuufis akkasuma ni godha.<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Bau. 4: 15b***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Bau. 4: 1-31*** |
| **SEENSA** | Waa'ee jijjiiramoota barbaachisoo jireenya keenya keessatti mul'atan haasa'aa – fkn. mana haaraatti galuu, mana barumsaa sadarkaa lammaffaatti ce'uu, fuudhuu. Museen jireenya isaa keessatti jijjiiramoota baay'ee qaba ture – ji'oota isaa warren jalqabaa daa'ima yommu turetti yaadadhu, achiis hanga waggaa 40tti masaraa Fara'oon keessa jiraachuu, itti aansuunis waggoota 40f gammoojjii keessa jiraachuu isaa yaadadhu. (Haala daree keessatti suuraa taateewwan kanaa sarara yeroo jireenya Musee irratti kaa'uun faayidaa qaba.) Amma Museen jireenya isaa keessatti qormaatni inni guddaan isa mudachaa ture. Waaqayyo maal akka godhu isa gaafate? |
| **BARSIISI** | • Museen amma biyya Miidiyaanitti haadha manaa fi ilmaan lama qaba ture. Abbichuu isaa Yetroo gara Gibxiitti deebi'uu akka danda'u gaafate. Yetroon isaan walii gale,Museen haadha manaa isaa fi ilmaan isaa harree yaabbachiisee isaan waliin ka'e. Museen ulee isaa isa addaa Waaqayyo akka itti fayyadamu itti himees fidee dhufe. Waaqayyo Museetti namoonni yeroo inni Gibxii turetti isa ajjeesuu barbaadan lubbuun akka hin jirre itti hime. Waaqayyo Museen akka hin sodaanne isa gargaaraa ture. Ammumaa kaasee Waaqayyo waadaa Museedhaaf gale eegaa ture. *Luqqisii ijoo torban darbee yaadachuu dandeessaa?* ***(Bau. 4: 18 – 20)***<br>• Ergasii Waaqayyo waadaa biraa Museef gale eege. Museen osoo imala isaa irra jiruu obboleessi isaa Aaron dhufee isa qunname. *Aaron Musee wajjin ta'uuf kan ture maaliifi?* Museen mallattoolee ulee isaatiin akka raawwatu itti kenname dabalatee wanta Waaqayyo itti hime hunda Aaronitti hime. *Waaqayyo yeroo hundumaa waadaa isaa akka eeguuf itti amanachuun ni danda'ama. Nuti kan isaa yoo taane akkasuma nuuf godha.* ***(Bau. 4: 27-28)***<br>• Yeroo Gibxii ga'an Musee fi Aaron geggeessitoota Israa'elootaa wajjin wal arganii karoora Waaqayyoo isaanitti himan. Achiis namoonni hundinuu walitti dhufanii, Museen dinqii Waaqayyo ulee isaatiin akka hojjetu itti kenne isaanitti argisiise. Museen ulee sana lafatti darbate innis bofa ta'e, boodarra yeroo eegee bofa sanaa qabatu deebi'ee ulee ta'e. Itti aansuudhaan harka isaa uffata isaa keessa galchee yeroo baasu dhukkuba lamxiin qabame *(ibsi)* garuu yommu yeroo lammataaf galchu ni fayye. ***(Bau. 4: 6 – 9)*** Namoonni wantoota dinqisiisoo kana yommuu argan, humna Waaqayyoo arguu danda'u, akkasumas Museen dhuguma Waaqayyoon akka ergame hubatan. *Ummatichatti maaltu itti dhaga'ame sitti fakkaata? (ajaa'ibsiifanna/ gammachuu guddaa irraa kan ka'e Waaqayyo garbummaa irraa isaan baasuuf ture.)* ***(Bau. 4: 29 – 31)***<br>• Museen gara Gibxiitti yommuu deebi'u karaa Waaqayyo isaaf qopheesse arguun isaa baay'ee isa gammachisuu qaba. Seenaa kana keessatti warroota karoorri Waaqayyoo gara fuulduraatti akka tarkaanfatu dandeessisan irra deebi'ii ilaali – Yetroo, Aaron, geggeessitootaa fi namoota. Musee fi Aaron amma iyyuu karoora kana eenyuuf dhiyeessu qabu turan? Salphaa ta'uu baatus, amma iyyuu Waaqayyotti hirkatanii wanta tokko akka furan gochuu akka danda'an cimsii ibsi. Inni hundumaa to'annaa isaa jala galchee ture!<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI dabalata B irratti ilaali – Museen ergaa Waaqayyoo Geessuu isaa |
| **BARADHU** | Bakka barbaachisaa ta'etti, luqqisii ijoo ***Bau. 4: 15b*** *barsiisaa* ibsi. Ijoolleen ergaa luqqisii kanaa kan Musee fi Aaron waliin hojjechuu fi Waaqayyo isaan waliin ta'uu wajjin wal qabatu akka hubatan mirkaneessi. |
| **YAADADHU** | Jireenya Musee hanga ammaatti irra deebi'ii ilaali, gaaffilee seenaa kanaan duraa fi kanneen kana fayyadamuun Seenaa 4:<br>• Eenyuutu Musee wajjin gara Gibxiitti deebi'e?<br>• Karaa irratti eenyutu isa qunname?<br>• Sabni sun Museen Waaqayyoon akka ergame kan beekan akkamitti?<br>• Dinqiiwwan Museen namoota duratti hojjete keessaa tokko ibsi. |

## <u>B10 Seenaa 1</u>
## Musee fi dhahicha jalqaba- seenaan kun waa'ee Waaqayyoof abboomamuuti.

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Abboomonni Waaqayyoo dhaga'amuu fi raawwatamuu qabu.<br>• Waaqayyoon dhaggeechuu fi abboomamuu diduu dhumarratti adaba qaba.<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Erm. 38: 20***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Bau. 7: 1-24*** |
| **SEENSA** | Waa'ee seeraaf bitamuu fi bu'aa ajajamuu diduu, haala mana barumsaa keessatti ykn hawaasa bal'aa keessatti ijoolllee waliin irraatti haasa'i. Qabiyyee har'aa wajjin waliin walqabsiisuuf gaaffilee muraasaan seenaa B9 seenaa 4ffaa ilaaluun barbaachisaadha. |
| **BARSIISI** | • Yeroon Musee fi Aaron Israa'eloonni gammoojjii keessatti Waaqayyoon akka waaqeffataniif Gibxii keessaa akka ba'an Fara'oon gaafatan ga'e. Ijoolleen deebii isaa akka tilmaaman gaafadhu. Diduu isaa fi wanta bu'aa isaa kan duraa caalaa hammeesse ibsi. Ijoolleen Fara'oon Waaqayyoof ajajamuu diduu isaa akka hubatan gargaari. Osoo Israa'el taatee waa'ee Musee maal yaaddaa turte?<br>• Museen Waaqayyo maaliif akkas akka ta'u akka barbaade hubachuu hin dandeenye. Waa'ee kanaa Waaqayyoon gaafate. Waaqayyo humna isaa isa guddaa akka agarsiisu waadaa isaaniif gale. Fara'oon jalqaba irratti ajajamuu baatus dhuma irratti Waaqayyo waan gaafate akka raawwatu isa taasisa. *Ijoolleef waadaa gallee akka dagannu, ykn eeguu akka hin dandeenye, garuu abdiin Waaqayyoo yeroo hundumaa akka raawwatamu yaadachiisi.*<br>• Waaqayyo ammas gara Fara'oonitti deebi'i garboota Israa'el akka gadhiisu gaafadhu jedheen! ***(Bau. 5: 22-7:5)***<br>• yeroo kana Fara'oon dinqii gaafatee, uleen Aaron bofa jijjiiramte. Beektonni Fara'oons akkasuma godhan, bofti Aaron garuu bofa warra Gibxi sanaa hunda liqimsite. Kun waa'ee Waaqayyoo maal argisiiseera? Ammas Fara'oon Waaqayyoof hin ajajamne. ***(Bau. 7:8-12)***<br>• Achumaan Waaqayyo Musee fi Aaronitti Fara'ooniin laga Abbayyaa biratti akka wal argan itti hime. Waaqayyoo ammas ajaja kenne. Fara'oon yoo hin ajajamne lagni Abbayyaa gara dhiigaatti jijjiirama, bishaan qulqulluus waan hin jirreef qurxummiin hundi ni du'u ture. Fara'oon dhaggeeffachuu dide. Macaafni qulqulluun akka jedhutti garagalee gara mana isaatti akka gale. *Ilaalcha Fara'oon irratti mari'adhaa – jechoota maaltu isa ibsa? Macaafni qulqulluun akka nama dhageettii cimaa qabuutti akka isa ibsu ibsi.* ***(Bau. 7: 14-23)***<br>• Kanaaf, warri Gibxii hundi bishaan lagaa dhuguu waan hin dandeenyeef bishaan dhuguuf naannoo laga sanaa hundaa qotan. Kunis dha'icha isa jalqabaa yoo ta'u guyyaa 7f itti fufe. ***(Bau. 7: 24-25)***<br>• *Musee fi Aaron wanta Waaqayyo akka raawwatan isaanitti hime sirritti raawwataniiru, bal'inaan ajajamaniiru. Kun wanta yeroo hunda yaaluu fi gochuu qabnuudha. Macaafni Qulqulluun Waaqayyo abboomamuu keenyatti akka gammadu dubbata! Fara'oon Waaqayyoof ajajamuu fi isa dhaggeeffachuu dide. kun immoo yeroo hundumaa rakkinaa fi adabbii Waaqayyootiin xumurama. Wantoota Waaqayyo jireenya keenya guyyaa guyyaa keessatti akka raawwannu nu ajaju irratti mari'adhaa.*<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI Dabalata B keessaa ilaa- Musee fi dhahicha jalqaba |
| **BARADHU** | Barsiisa fi ibsa, bakka barbaachisaa ta'etti, luqqisii ijoo - ***Erm. 38: 20*** Musee fi Aaroon Waaqayyoof abboomaman, faalla kana immoo Fara'oon abboomamuu dide. Nutis jireenya keenya guyyaa guyyaa keessatti Waaqayyoof abbomamu qabna. |
| **YAADADHU** | Akka keessa deebitti gaaffii kana ijoollee gaafadhu.<br>• Waadaan Waaqayyo Musee fi Aaroniif gale maali ture?<br>• Dinqiin jalqabaa Aaron hojjete maali?<br>• Lagni Abbayyaa dha'icha isa jalqabaa keessatti maaltu mudate?<br>• Warri Gibxii guyyaa torbaaf maal hin qaban turan?<br>• Waaqayyo jireenya keenya guyyaa guyyaa keessatti wantoota akkamii akka raawwannu nu ajaja? |

**B10 Seenaa 2**

**Musee fi dhahicha isa dhumaa- seenaan kun waa'ee Karoora Waaqayyo Israa'eloota oolchuuf qabuudha.**

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Fara'oon fi warri Gibxii Waaqayyoof ajajamuu diduun isaaniif adabamuu qaba ture.<br>• Waaqayyo cubbuu bira darbuu hin danda'u, garuu karaa fayyinaa ni qopheessa.<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Bau. 12: 13***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Bau. 11: 1-10, 12: 1-13*** |
| **SEENSA** | Haalawwan tokko tokko keessatti akkamitti eegumsa akka argannu irratti mari'adhaa. Fakkeenyota ijoollee waliin walqabsiisuu danda'u filadhu. Fkn. sun-cream (dhibata aduu) dibachuun namoota gogaa diimaa qaban balaa aduu irraa ni eega. Paaspoortii qabannee deemuun hidhamuu osoo hin sodaatin biyya tokko irraa gara biyya biraatti darbuuf nu dandeessisa. Talaalliin dhukkuba akka hin qabaanne nu godha. Seenaa har'aa keessatti Waaqayyo Israa'eloonni adabbii isaa jalaa akka ba'aniif mallattoo addaa akkamitti akka kenne ni baranna. |
| **BARSIISI** | • Hanga ammaatti dha'ichi sagal raawwatamus, yeroo kana hundumaa Fara'oon Israa'eloota gadhiisuu didee. Waaqayyo hamma Fara'oon Waaqayyo hammam guddaa akka ta'e hubatutti garaa isaa jabeessee ture.<br>• Fara'oon amma lammata isa arguu akka hin barbaanne Museetti himee. ***(Bau. 10: 27-29)*** Waaqayyo garuu dha'ichi inni dhumaa maal akka ta'u Museedhaaf ibsee. Maatii hunda irratti adabbii hamaan dhufuuf, maatii hunda keessaa ilmi hangafaa du'uuf ture. ***(Bau. 11: 4-6)*** Fara'oon garuu Waaqayyo adabbii hamaa sana fiduu akka danda'u ykn akka fidu hin amanne. ***(Bau. 11: 10)***<br>• *Wanti Waaqayyo Macaafa qulqulluu keessatti dubbate kamiyyuu dhugaa ta'uu isaa, wanti inni abdachiises hunduu akka raawwatu hubachuu qabna.*<br>• Waaqayyoo Museetti israa'eloonni Gibxiidha ba'uuf akka qophaa'an itti hime. Maatiin hundinuu hoolaa yaa qalatan,dhiiga isaa immoo balbala irraatti dibuun manni kan israa'eloota ta'uu isaa akka mul'isuu qabu. Achiis nyaata addaa hoolaa bilcheefame, daabboo fi baala hadhaawaa nyaachuu qabu turan. Nyaata sana dafanii nyaachuu fi uffata isaanii uffatanii saffisaan deemuuf qophaa'uutu irra jira. Waaqayyo, Israa'eloonni balbala isaanii irra dhiigni yoo jiraatee nagaa akka ta'an ibseef. ***(Bau. 12: 12-13)***<br>• *Dhumarratti ba'uuf akka jiran, akkasumas Israa'eloonni qajeelfama kennameef akkamitti akka hordofan ibsi. Gatii fi barbaachisummaa dhiigni Israa'elootaaf qabuu fi akkamitti eegaa isaanii tokkicha akka ta'e irratti mari'adhaa.*<br>• *Yeroo hundumaa karaa Waaqayyo itti hojjetu hubachuun salphaa miti, garuu yeroo hundumaa karaa gaarii ta'e akka beekuu hubachuu qabna. Israa'eloonni akkamitti nagaan isaanii eeggame? Haaluma wal fakkaatuun namni Gooftaan Yesus fannoo irratti du'e jedhee amanu kamiyyuu adabbii sababa cubbuu keenyaatiif nu mudatu irraa ni fayya. Macaafni qulqulluun Gooftaan Iyyesuus Hoolaa Waaqayyoo ta'uun isaa, Israa'eloota qofaaf osoo hin taane, nu dabalatee addunyaa guutuuf akka ta'e ibsa. Dhiiga isaa isa yeroo fannoo irratti du'e dhangala'e sanatti yeroo amanne, adabbii sababbi cubbuu keenyaaf nutti dhufu jalaa ni fayyina.*<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI Dabalata B keessaa ilaa- Musee fi dhahicha jalqaba |
| **BARADHU** | Barsiisa fi ibsa, bakka barbaachisaa ta'etti luqqisii ijoo- ***Bau. 12: 13*** |
| **YAADADHU** | Akka keessa deebii seenaatti gaaffii kana ijoollee gaafadhu.<br>• Ijoollee gaaffilee armaan gadii akka mala seenaa fooyyessuutti gaafadhu.<br>• Jechi biraa adabbii Waaqayyoof oolu danda'u maali?<br>• Adabbiin dhumaa Fara'oon maal ta'uuf ture?<br>• Israa'eloonni nageenya isaanii mirkaneeffachuuf maal gochuu qabu turan?<br>• Maal nyaachuu qabu turan? Akkamitti nyaachuu qabu turan?<br>• Gooftaan Yesuus akkamitti fayyina akka argannu nu taasise? ***(Rom. 5: 8)*** |

**<u>B10 Seenaa 3</u>**
**Musee fi Gibxii ba'u- Seenaa kun waa'ee angoo Waaqayyooti**

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Waaqayyo akkuma yeroo huuxxiin gubatu Musee wajjin dubbate waadaa galetti Israa'eloota oolche.<br>• Macaafni qulqulluun yeroo baay'ee taatee kana fakkeenya humna Waaqayyoo isa guddaa keessaa tokko akka ta'e ibsa.<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Bau. 14: 30a***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Bau. 12: 31-39, 14: 1-31*** |
| **SEENSA** | Wantoota nuti gochuun hin danda'amne tokko tokko eeri. Fkn. Xiyyaara malee balali'uu, bidiruu malee galaana ce'uu, gammoojjii keessa koompaasii malee karaa barbaaduu fi kkf. Haa ta'u malee wanti namaaf hin danda'amne Waaqayyoof ni danda'ama. Inni macaafa qulqulluu keessatti wantoota humna isa mul'isan keessa tokkoo raawwachuuf ta'a. |
| **BARSIISI** | • Halkan yeroo ilmaan angafaa Gibxii hundi du'an, Fara'oon Musee fi Aaroon akka waaman erge. Fara'oon dha'icha kanaan dura mudate hundaaf deebii akkamii kenne? Yeroon kun akkamitti adda akka ta'e ibsi - Namoota hunda, hoolota isaanii wajjin akka fudhatanii fi yeroo tokkotti Gibxii akka ba'an itti hime. ***(Bau. 12: 31-32)*** Warri Gibxiis Israa'eloonni yoo hafan hundi keenya ni duuna jedhanii waan sodaataniif akka deeman isaan jajjabeessan.<br>• Yeroo deemanitti kennaa meetii, warqee fi uffatallee isaaniif kennan. ***(Bau. 12: 35-36)*** Walumaagalatti dhiironni akkasumas dubartoonni fi ijoolleen walitti kuma dhibba jahaa ol turan. *Ijoollee umuriin isaanii guddaa ta'e waliin lakkoofsa kana baay'ina ummata walfakkaataa bakka beekamaa ta'ee wajjin wal bira qabuuf yaaluun ni danda'ama.*<br>• Dhumarratti Fara'oon Waaqayyoof ajajame! Jalqaba irratti utuu akkas godhee rakkina kanaa hundarra ooluu danda'a ture. *Ammas barbaachisummaa warraaf, barsiisotaaf, hunda caalaa immoo Waaqayyoof abboomamuu cimsi ibsi!*<br>• Israa'eloonni Museedhaan durfamaa gara Galaana Diimaatti karaa isaanii jalqaban. Miira isaanii ibsi. Garuu Fara'oon kan argan yeroo dhumaaf hin turre! Ammas Waaqayyo garaa Fara'oon jabeesse, sababiin isaas amma iyyuu Waaqayyo hammam guddaa akka ta'e baruu qaba! Fara'oon akka tasaa hojjettoota isaa hunda akka dhabe waan hubateef, konkolaataa fardeenii 600n isaan hordofuuf murteesse. ***(Bau. 14: 3-7)***<br>• Gooftaan Museen ulee isaa galaana irratti akka ol kaasu itti hime. Museenis ni ajajame. Israa'eloonni hundinuu lafa gogaa irra akka ce'aniif, karaan galaana diimaa keessaan mul'ate.<br>• *Warri Gibxii isaan duukaa bu'uuf yeroo yaalan maaltu akka ta'e ibsi. Museen ammas ulee isaa ol kaase, bishaanichis walitti deebi'e. Macaafni qulqulluun waraanni Fara'oon guutuun bishaaniin kan uwwifame yoo ta'u isaan keessaa tokkollee akka hin hafne dubbata.* ***(Bau. 14: 28)*** *Utuu Israa'el taate waa'ee Waaqayyoo maal yaaddaa turte? Humna guddaa Waaqayyoof deebii kennan ibsi - Gooftaa sodaataniiru (ibsi) amantaa isaaniis Isa fi Musee irra kaa'an.* ***(Bau. 14: 31)***<br>• Nutis, humna isaa isa guddaa irraa kan ka'e yeroo hunda Gooftaatti amanachuu dandeenya. Akkuma Israa'eloota isa amanachuu qabna. sana booda "Gooftaan ANA oolche!" jennee dubbanna.<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI Dabalata A keessaa ilaal- Musee fi Gibxii ba'u. |
| **BARADHU** | Barsiisa fi ibsa, bakka barbaachisaa ta'etti luqqisii ijoo- ***Bau. 14: 30a*** |
| **YAADADHU** | Akka keessa deebitti gaaffii kana ijoollee gaafadhu<br>• Ijoollee gaaffilee armaan gadii akka mala seenaa fooyyessuutti gaafadhu.<br>• Fara'oon Israa'eloota gadhiisuuf kan murteesse maaliifi?<br>• Warri Gibxii maal isaaniif kennan?<br>• Fara'oon isaan ari'uuf kan murteesse maaliifi?<br>• Fara'oon gaarii meeqatti fayyadame?<br>• Israa'eloonni maaliif soodatan?<br>• Waaqayyo isaan oolchuuf Museen maal akka godhu itti hime?<br>• Waraanni Gibxi maal ta'e?<br>• Israa'eloonni wanta raawwatame yommuu argan maal godhan? |

## B10 Seenaa 4
**Musee fi Israa'el waaqayyoon galatteeffatan-Seenaan kun waa'ee Waaqayyoon galateeffachuuti.**

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Israa'eloonni waan Waaqayyo bilisummaa fi nageenya isaaniif kenneef hundumaaf guddaa qabu turan.<br>• Hundi keenya dhaabannee, of duuba ilaallee waan Waaqayyo jireenya keenya keessatti hojjeteef galateeffachuu qabna.<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Far. 106: 1***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Bau. 15: 1-22*** |
| **SEENSA** | Wantoota ajaa'ibsiisoo Macaafa qulqulluu keessatti galmaa'an tokko tokko yaadadhu. Fkn. Daani'eel boolla leencaa keessaa oole, Daawit Goliyaad ajjeesse fi kkf, iiti dabalees akkuma torbe darbee Galaana diimaa ce'uu isaanii. Taateewwan biroo yoo qabattee iddoo qu'anna yeroo qu'anna macaafa qulqulluu kanarratti galmeessi. Tokkoon tokkoon isaanii keessatti namoonni Macaafa Qulqulluu keessatti argaman humna Waaqayyoo isa guddaatti hirkatanii jiraachuu malee filannoo biraa akka hin qabne ibsi. Waa'ee Israa'elootaa erga Waaqayyo isaan oolchee booda maal akka godhan ni ilaalla, akkasumas Waaqayyoon waan inni nuuf godheef akkamitti deebii kennuu akka qabnu ni yaadna. |
| **BARSIISI** | • Israa'eloonni dhumarratti garboota ta'uu irraa bilisa ta'ani, diinonni isaanii hundinuu bishaaniin liqimfamaniiru. *Maaltu akka isaanitti dhaga'amu ibsi.* Kan isaan fayyise Waaqayyo ta'uu waan beekaniif, waan inni hojjeteef Waaqayyoon baay'ee galateeffataniiru. ***(Bau. 15: 1)*** Waaqayyo hammam guddaa akka ta'e hubataniiru, Waaqayyo kan biraa humna akkasii qabu akka hin jirre waan beekaniif waa'ee Ulfina isaa faarfatan. ***(Bau. 15: 11)*** Waa'ee waan inni isaaniif godhe hundumaa bal'inaan faarfatan.<br>• *Ijoolleen Waaqayyo hammam guddaa akka ta'e hubachuu qabu: 1) Uumama keessatti. 2) Guyyaa guyyaan fedhii keenya hunda nuuf guutuu keessatti. 3) Ilma isaa fannoo irratti akka nuuf du'u erguun jaalala guddaa isaatin.*<br>• Israa'eloonni waa'ee Waaqayyoo faarfachuu qofa oso hin taane isa wajjin walitti dhufeenya cimaa qabu. "Waaqa koo", "Humna koo", "Fayyina koo" jedhanii isa waamu turan. ***(Bau. 15: 2)***.<br>• *Ijoolleen waa'ee Waaqayyoo beekuu qofa osoo hin taane, walitti dhufeenya dhuunfaa isaa wajjin qabaachuu fi akka Abbaa isaanii isa Samii ta'ee beekuun isaanitti cimuu danda'a.*<br>• Israa'eloonni waa'ee yeroo ammaa qofa hin yaadne, gara biyya abdachiifamteetti yeroo deeman diina biroo wajjin lola gara fuula duraatiif isa amanachuu akka danda'an beeku turan. *Gooftaan gonkumaa akka hin jijjiiramne hubachuu dandeenya, har'a qofaaf osoo hin taane, yeroo hundumaa gara fuulduraatiifis isa amanachuu dandeenya.*<br>• Obboleettii Aaron kan taate Miiriyaam, dubartoota tokko tokko sirbaa fi shubbisa irratti hoogganaa turte. Waan Waaqayyo hojjeteef yeroo kabajan baay'ee gammadan.<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI Dabalata B keessaa ilaali- Musee fi isra'eel waaqayyoon galatteeffatan / Museen waaqayyoon galateeffate. |
| **BARADHU** | Barsiisa fi ibsa, bakka barbaachisaa ta'etti luqqisii ijoo- Far. 106: 1- luqqisiin gooftaadhaaf akka galata kenninu nu yaadachiisa. Ijoolleen wanta gooftaan isaaniif godheef kadata galataa akka dhiyessaniif jajjabeeffamuu qabu. |
| **YAADADHU** | Gaaffiiwwan kanaa gadii akka keessa deebii B10tti ta'utti ijoollee gaafadhu<br>Israa'eloonni bilisa ta'uu isaanii yommuu argan maal godhan?<br>Faarfannaa isaanii keessatti Waaqayyoon akkamitti ibsan?<br>Israa'eloonni waa'ee gara fuulduraa maal beeku turan?<br>Dubartoota shubbisa fi sirbuu keessatti eenyutu dursee?<br>Israa'eloonni sodaa fi rifachuu irraa gara faarfannaa fi Waaqayyoon galateeffachuutti maaliif jijjiiraman jettanii yaaddu? |

## B11 Seenaa 1

**Waaqayyo nyaata ni kenna- Seenaan kun waa'ee Waaqayyo Israa'elootaaf nyaata kennuusaati**

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Waaqayyo lafa onaa keessatti waggaa 40f isra'elotaa nyaata kenne.<br>• Gooftaan Yesus "buddeena jireenyaati", fedhii keenya nuuf guuteera<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Yoh. 6: 35***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Bau. 16: 1-32*** |
| **SEENSA** | Waan B9 fi B10 keessatti ta'e gabaabsiisi ijoollee yaadachiisi. Waaqayyo Israa'eloota Gibxii oolchuu keessatti humna isaa agarsiisee, amma immoo gara biyya haaraatti akka isaan geessu waadaa galeef. Hanga ummanni beela'ee isaa fi Museerratti gungumuu fi iyyuu jalqabanitti karaa irratti yeroo dheeraa itti fudhanne turre! Nyaanni isaanii waan dhumeef, gara Gibxiitti deebi'uu fi nyaata argachuuf yaadaa turan. ***(Bau. 16: 2 -3)***. Too'annaa Waaqayyoo jala akka jiranii fi wanta isaaniif barbaachisuu akka beekuu dagataniiru.<br>Yoo barbaachisaa ta'e, kun ilaalcha dogoggoraa akka ta'e ijoollee yaadachiisuu dandeessa. Waaqayyo akka isa galateeffannu barbaada. |
| **BARSIISI** | • Sabni sun Waaqayyoon amanachuu dadhabus, amma iyyuu akka isaan kunuunsu argisiiseera. Waaqayyo yeroo hundumaa nyaata akka argatan gochuuf karoora qaba ture. Ganama ganama buddeen waaqarra bu'u argachaa turan. Torban keessaa guyyaa ja'affaatti guyyaa Sanbataaf (guyyaa addaa Waaqayyoo) akka isaanii turuuf dachaa lama walitti qabatu, Galgala galgala immoo foon argatu ture. ***(Bau. 16: 4 – 12)***<br>• *Mee Israa'eloonni ganama dunkaanasaanii keessaa ba'anii wanta argatan irratti deebii akkamii akka kennan ibsuuf yaali.* Museen kun buddeena gooftaan isaaniif kenne akka ta'e ibse. Namni hundi namoota dunkaana isaanii keessa jiraataniif hamma gahu walitti qabu ture. Namni tokkollee guyyaa itti aanuuf hambifachuu hin qabu. Namoonni tokko tokko garuu hambifachuuf yaalan, garuu guyyaa itti aanutti darbuufii hin dandeenyee. ***(Bau. 16: 15-20)*** *baarchisummaa Waan mataa keetii hojjechuu caalaa, akka waaqayyo abboometti raawwachuu ibsi.*<br>• Ummanni buddeena Samii irraa bu'u kana "Mannaa" jedhanii waamu. Akka dammaatti mi'aawa! Waaqayyo hanga imalli isaanii xumuranitti Israa'elootaaf mannaa ergaa ture. Waaqayyo Waaqa isaanii akka ta'ee fi akka isaan kunuunsu ragaa baay'ee kana caalu isaaniif kenneera. ***(Bau. 16: 31-32)***<br>• Seenaa keenya keessatti, Israa'eloonni hamma quufanitti Mannaa walitti qabachuu fi nyaachuu qabu ture. Lafa onaa keessatti akka jiraatan isan gagaaree jira, yaa ta'u malee yeroo hundaa manna isaan barbaachisa.<br>• *Waggoota hedduu booda Yesus cubbuu keenyaaf du'uuf Samii irraa bu'e. Inni "Buddeena Jireenyaa" jedhee of waame. Gooftaa Yesuus, (Buddeena Jireenyaa) jireenya keenyatti yoo fudhanne, jireenya bara baraa nuuf kenna – jireenya nuti asitti fi Samii irratti itti gammadnu. Mannaan Samii irraa gad bu'e Israa'elootaaf dinqii addaa ture garuu Gooftaa Yesuus fudhachuudhaan waan kanarraa baay'ee caalu argachuu dandeenya. (gabatee yookiin chaartii toora lama qabu kaasuun waa'ee mannaa fi buddeena jireenya sirritti ibsuuf yaali.)*<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI Dabalata C keessaa ilaal- waaqayyoo nyaata kenna / waaqayyoo israa'elotaaf nyaata kenna. |
| **BARADHU** | Barsiisa fi ibsa, bakka barbaachisaa ta'etti, luqqisii ijoo ***Yoh. 6: 35*** Waan armaan olitti ibsame jabeessaa. |
| **YAADADHU** | Gaaffiiwwan kana gaaffii fi deebii (quiz) keessatti fayyadami.<br>• Ummanni maaliif gunguman?<br>• Eenyurratti gunguman?<br>• Silaa gungumuu dhiisanii maal gochuu qabu turan?<br>• Torbeetti guyyaa meeqaaf mannaan lafa irratti mul'ata ture?<br>• Galgala galgala maal argatu turan?<br>• Hanga yoomiitti mannaa walitti qaban?<br>• Yesus maqaa akkamii ofii isaatiif fayyadame?<br>• Yesus karaa kamiin mannaa caala? |

## B11 Seenaa 2

**Waaqayyo moo'icha kenna - Seenaan kun waa'ee Waaqayyo warra isa amanatan gargaaruu isaati**

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Waaqayyo yeroo isrtaa'elonnii isatti hirkatan isaan gargaareera.<br>• Waaqayyo jireenya keenya keessatti moo'icha argachuuf akka isa kadhannuu barbaadha.<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Bau. 17: 15***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Bau. 17: 8- 15*** |
| **SEENSA** | Utuu baay'ee hin turin Israa'eloota rakkoon kan biraa isaan mudate. Waraanni diinaa Amaaleq jedhamu isaan waraanuu eegale. ***(Bau. 17: 8)***<br>Haala isaa akka yaadaniif gaaffii kanaa gadii ijoollee gaafadhu:<br>• *Israa'eloonni maal gochuutu irraa jira? (of ofirraa ittisuu) .*<br>• *Akkamitti akka lolan barataniiru? Gibxii keessatti loltoota osoo hin taane garboota akka turan ijoollee yaadachiisi.*<br>• *maaltu isaanitti dhaga'ama ture?*<br>• *Gargaarsa Waaqayyootti amanachuu danda'u? Waaqayyoo biyya haaraatti isaan galchuuf Gibxii akka isaan baasee ijoollee yaadachiisi. Inni waada isaa eeguu ni danda'a.* |
| **BARSIISI** | • Museen gaggeessaa ogeessa fi maal akka gochuu akka qabu nama beeku ture. Gargaaraa isaa Iyyaasuu lolotoota akka filatu gaafateen. Museen looltoota humni Waaqayyoo akka isaan barbaachisuu ni beeka, kanaaf Aaroon fi Huur wajjin gara fiixee gaaratti ol ba'ee dirree waraana ilaale. Museen harka isaa lamaaniin ofi olitti ulee isaa ol kaase(ulee dheeraa isaa yeroo tiksee ture itt fayyadamaa ture). *gochi kun isra'eloonni moo'uudhaaf humna Waaqayyoo amanachuu isaanii akka agarsiisu ibsi.* ***(Bau 17: 9)***<br>• Hammuma yeroo dheeraadhaaf Museen akkas godhe israa'elonni ni moo'u ture. *Ijoollee harka isaanii mataa isaanitii olitti akka ol kaasan gaafadhu. Harka isaanirratti maaltuu akka itti dhaga'amu yaadi.* Yeroo gabaaba booda harki Musee waan dadhabeef gad deebise. Diinonni isaanii moo'uu eegalan. *Ijjoolleen Aaroonii fi Huur akkamitti akka Musee gargaaruu danda'an gaafadhuu, achumaan waan isaan gidhan sirritti ibsiif.* Museen hamma aduun lixxutti harka isaa ol qabuu waan danda'eef israa'elonni moo'uu danda'an. Museen injifannoo kanaaf Waaqayyoon galateeffachuu waan barbaadeef, iddoo aarsaa dhagaa ijaaree "Gooftaan faajjii kooti" jedhee moggaase. *Museen injifannoo sanaaf ulfina hundumaa Waaqayyo akka argatu akka barbaade ibsi.* ***Ba'u 17: 10-13,15***<br>• *Lola kana injifachuu keessatti eenyutu qooda guddaa qaba jettanii yaaddu? Iyaasuu fi loltoonni osoo Museen harka isaa gara Waaqayyootti ol hin kaafnee fi Isa irratti hin hirkanne ta'e lola kana mo'achuu hin danda'an ture. Gooftaa Yesuus fayyisaa keenyatti yoo amanne, nutis diina qabna – Seexana. Inni akka sodaaannuuu fi akka nu hin gammanee barbaada. Gooftaa yesus moo Seexannatu caalaa humna qaba? Yesus hundumarra cimaa waan ta'eef yoo isatti hirkannee moo'icha arganna.*<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI Dabalata C keessaa ilaal- Waaqayyo moo'icha kenna. |
| **BARADHU** | Barsiisa fi ibsa, bakka barbaachisaa ta'etti, luqqisii ijoo ***Bau. 17: 15*** |
| **YAADADHU** | Ijoolleen "Gooftaan Faajjii kooti" jechuun alaabaa guddaa faayame tolfachuu danda'u.<br>Gaaffiiwwan kana gaaffii fi deebii keessatti fayyadami.<br>• Museen eessa dhaqe?<br>• Eenyuutu Musee wajjin deeme?<br>• Lola sanarratti yeroo Museen harka isaa ol kaasee maaltu ta'e?<br>• Museen hamma yoomiitti harka isaa ol kaasee?<br>• Injifannoo eenyutu kenne?<br>• Diinni keenya eenyu?<br>• Nu gargaaruuf eenyu irratti hirkatanii jiraachuu qabna? |

## B11 Seenaa 3
**Waaqayyo abboommiiwwan kenna - Seenaan kun waa'ee seera Waaqayyooti.**

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Waaqayoo qulqulluudha.<br>• Nu'I seera Waaqayo eeguu hin dandeenyu.<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Bau. 20: 1 ykn Rom. 3: 23***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Bau. 19 - 20*** |
| **SEENSA** | Waa'ee seerota mana barumsa ykn mana jireenya keessa jiran irratti haasa'a. Isaan maali? Maaliif seerri nu barbaachisa? Yeroo hunda seera eeguun salphaadhaa?<br>Barumsa har'aa keessatti Waaqayyo akkamitti seera isaa Israa'elootaaf akka kenne ni baranna. |
| **BARSIISI** | • Israa'eloonni gara gaara guddaa Siinaa jedhamu ga'anii achi buufatan. Waaqayyo duumessa ulfaataa ta'een gara fiixee gaara sanaatti akka gad bu'u Museef ibse. Museen namni tokko illee akka hin baaneef, mallattoo dhagaa naannoo sana kaa'e. sabni dhiqatanii of qulleessanis cubbuu isaanii irraa kan ka'e gara Waaqayyootti dhiyaachuu hin danda'an ture. ***(Bau. 19: 1 – 14)***<br>• Guyyaa sadii booda ummanni miila tulluu siinaa jala ni ijajjan. Tullicha keessaan aarrii ni ba'e, ni rafames. *Kun Waaqayyo hammam humna akka qabu namootatti kan argisiise ta'uu isaa ibsi. Sabichatti maltu akka dhaga'amu yaadi.* Sana booda yeroo lammaffaaf Museen akka ol ba'u Waqayyoo isa waame, Museen ummanni akka ol hin baaneef akka aklekkachiisu itti himi jedheen. ***(Bau. 19: 16 – 22)*** sabni *Waaqayyo Qulqulluu waan ta'eef (cubbuu tokko malee) itti dhiyaachuu akka hin dandeenye fi jireenya isaanii keessatti cubbuu akka qaban ibsi. Har'as cubbuun keenya yoo nuuf dhiifame malee Waaqayyo irraa adda nu baasa.*<br>• Booda Museen abboommiiwwan kurnan dhagaa gurguddaa lama irratti barreeffaman Waaqayyo irra fuudhe. Abboommiwwan ykn seeri akkataa jireenya Waaqayyo nurra barbaadu ifa godhe dubbata. Nama hunda caalaa Waaqayyoon jaallachuu fi wal jaallachuus qabu. *Ijoollee sadarkaa 2ffaa waliin kana sirritti dubbisuun gaariidha, abbommiwwan 1-4 akkatti waaqayyoo wallin jiraannuu fi 5-10 akkatti namoota waliin jiraannu ibsu. Nuti isaaniif abboomamuu akka dadhabne akka hubatan gargaari!* ***(Ba'uu 20: 1-17)***<br>• *kan nama gaddisiisu, Israa'eloonni seera Waaqayyoo eeguu hin dandeenye, nutis hin dandeenyu. Hundi keenya wanta Waaqayyo nu eegee gadi taana. Nuti cubbamoota. Namni lafa kanarratti jireenya qulqulluu jiraate gooftaa Yesus qofa. Kunis wanta fayyisaa keenyaa isa taasiseedha. Inni akka Waaqayyo dhiifama nuuf godhuuf adabbii cubbuu keenyaa fudhachuuf du'e. Sana booda maatii Waaqayyoo ta'uu dandeenya malee akka Israa'eloonni godhan isa irraa fagaachuu hin qabnu.*<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI Dabalata C keessaa ilaal- Waaqayyo abboommii kenna. |
| **BARADHU** | Barsiisa fi ibsa, bakka barbaachisaa ta'etti, luqqisii ijoo ***Bau. 20: 1*** ykn ***Rom. 3: 23*** |
| **YAADADHU** | Akka battalleettii abboommii abboommiwwan barannoo 2ffaa keesatti barreeffama irratti xiyyeeffachuu dandeessa. Yoo danda'ame, ijoolleen akka arganiifi akka dhaga'aniif gabatee/chaartii irratti akka barreeffaman dhiyeessi. Erga hunda isaanii dubbistee booda tarree sana haqi. Tokkoon tokkoon abboommii keessaa jecha ijoo tokko hambisi. fkn. Na dura ______ biraa hin qabaatin. ________ tokkollee hin tolfatin. Daa'imni tokko jecha hir'ate yoo beeke garee isaaniif qabxii argachuu qaba.<br>Ijoolleen xixiqqoon moodeela Tulluu Siinaa yaa hojjetan. Kaartoonii irra boca koonii yaa qopheessan. Kaardiirraa boca koonii hojjadhu.Duumessaaf gubbaarratti jirbii maxxansi, Labooba abiddaa diimaa hojjadhu, qaqawwee fi bakakkaa ibsuuf ammoo zigzaagii quncaa'aa dachaasi. Hundeerratti dallaa kaa'i. Ijoolleen dunkaanota xixinnoo dabaluu danda'u. |

**<u>B11 Seenaa 4</u>**

**Waaqayyo fayyina kenna- seenan kun waa'ee karaa Waaqayyo namoota du'a oolchuudha.**

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Waaqayyo, Israa'eloonni adabbii isaaniif malu jalaa akka oolan karaa qopheesseef.<br>• Waaqayyo karaa itti fayyinu nuuf qopheessee jira.<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Yoh. 3: 14***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Lak. 21: 4 - 9*** |
| **SEENSA** | Yeroo tokko tokko dogoggora wal fakkaatu irra deddeebinee raawwanna! Israa'eloonni nyaanni Gibxiidhaa fidatan yommuu dhumu maal akka godhan ni yaadattaa? Eeyyee ni gunguman fi komatan! Seenaa har'aa keessattis gungumuuf jiru! Mee maaliif akka ta'e haa ilaalluu.<br>Yookaan<br>Waa'ee balaa bofaan hiddamuu, barbaachisummaa mana yaalaa deemuu fi farra summii argachuu haasa'aa. Seenaa har'aa keessatti Waaqayyo warra bofaan hiddamaniif qoricha baay'ee adda ta'e qaba ture. |
| **BARSIISI** | • Kan nama gaddisiisu, Israa'eloonni Gibxii keessatti wanta hunduu gaarii ture. Nuti mannaa nu jibbisiiseera jechuun Musee fi Waaqayyo irratti ka'an. Akkam galata-dhabdee turan! ***(Lak. 21: 5)***<br>• Yeroo kana Waaqayyo namootatti aaree isaan adabuuf murteesse. Utuu baay'ee hin turin buufanni isaanii bofa summii qabaniin weerarame. *Ummanni maal ta'a?* Eeyyee hiddamanii hedduun isaanii du'an. Sabnis balleessaa isa akka ta'ee ni hubate. Gara Musee dhufanii cubbuu akka hojjetanii fi waaqayyoon kadhatee Bofa akka irraa deebisuuf isa gaafatan. ***(Lak. 21: 6 - 7)*** *joolleen yommuu cubbuu hojjetan ilaalchi kun sirrii ta'uusaa hubachiis. Cubbuu keenya amannee Waaqayyo akka nu gargaaru kadhachuu qabna. Cuubbuu keenya himachuufi waaqayyo akka nu gargaaru kadhachuu qabna.*<br>• *Museen erga Waaqayyoon kadhatee booda Waaqayyo Musee wanta addaa tokko akka raawwatu itti hime. Bofa sibiila boorrajjii irraa tolchee buufata isaanii keessatti utubaarratti rarraase. Bofti sibiila boorraajjii sun ija nama hundumaa keessa ture. Waaqayyo namni hiddame kamiyyuu bofa utubaa irra jiru yoo ilaale akka hin duune waadaa gale. Namni kana amannee akka Waaqayyo jedhetti raawwate hundinuu ni jiraate. Du'a jalaa ooluuf karaa salphaa akkamiiti!* ***(Lak. 21: 8 – 9)*** *(Seensa irratti yaada lammaffaa yoo fayyadamte, wal bira qabuu dandeessa.) Israa'eloonni seera Waaqayyoof abboomaman jettee yaaddaa? Maalif? Karaan isaan itti jiraatan kana qofa akka ta'e cimsi – waan biraa yaaluun faayidaa hin qabu ture!*<br>• Waggootan booda, Yesus yeroo lafarra ture, seenaa kana fayyadamuun nama hundumaa barumsa barbaachisaa ta'e tokko barsiise. Nuti Waaqayyo waan yakkineef akka Israa'elootaa cubbuu keenyaaf ni adabamna. Waaqayyo garuu adabbii cubbuu keenyaa jalaa nu basuuf karaa nuuf qopheessee jira. Yesusis cubbuu keenyaaf "du'u" akka qabu ibseera. Wanta Yesus nuuf godhe yoo amannu Waaqayyo nu fayyisa jireenya bara baraa nuuf kenna. *Fayyina argachuu kan dandeenyu karaa Yesus qofa akka ta'e cimsi, ijoolleenis kanaaf deebii kennuu qabu.*<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI Dabalata C keessaa ilaali- Waaqayyo fayyina kenna. |
| **BARADHU** | Barsiisa fi ibsa, bakka barbaachisaa ta'etti, luqqisii ijoo ***Yoh. 3: 14***. Jechi kun dubbii Yesuus ta'uu isaa eeri. Yeroo fannoo irratti ol ba'u akkamitti akka nu fayyisuu danda'u ibseera. |
| **YAADADHU** | Ijoolleen gareedhhan ta'uudhaan, gareen tokkoo bofa sibiila boorrajjii irra bocanii utubaa irrattii yaa rarrasan, gareen kuun immoo fannoo yaa tolchan. Luqqisii ijoon iratti barreefamuu qaba. Ykn bofa plaastikii ykn supheerra, gareen tokko immoo qalama akka fannoo bakka bu'utti itt maruu danda'u.<br><u>Yookiin</u><br>Seenaa B11 irratti hundaa'uun battalle gochuu dandeessa.<br>Gaaffi dabalataa B11 keessa:<br>• Israa'eloonni yeroo kana maal gunguman?<br>• Waaqayyo akkamitti isaan adabe?<br>• Ummanni summii bofaarraa fayyuuf maal gochuu qaba ture?<br>• Akkamitti adabbii cubbuu keenyaa jalaa fayyuu dandeenya? |

## B12 Seenaa 1

**Yoseef fi ergamicha - seenaa kun waa'ee Yoseef Waaqayyoof abboommuuti, ulfaataa ta'us.**

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Maqaa 'Yesus' jechuun 'fayyisaa' jechuudha.<br>• Akkuma Yoseef Waaqayyoon dhaga'uu fi isaf abboomamuu qabna.<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Mat. 1: 21***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Mat. 1: 18-25*** |
| **SEENSA** | Waa'ee maqaa fi faayidaa isaani haasa'a – Ijoolleen maqaan isaanii maal jechuu akka ta'e ykn maaliif akka moggaafameef yoo beekan isaan gaafadhu.<br><br>Barumsa har'aa keessaatti daa'imaa adda tokko kan macaafa qulqulluu kessatti maqaa addaa qabu tokkoo akka baranuu ijoolleedhaaf ibsi. |
| **BARSIISI** | • Yoseefii fi Maariyaam gaa'ela godhachuuf karoorfatanii kan turan ta'us, gaaf tokko Maariyaam daa'ima akka eeggachaa akka jirtu Yoseefitti himte. Yoseef abbaa daa'ima sanaa akka hin taane waan beekuuf Maariyaam dhiisuuf murteesse. ***(Mat. 1: 18-19)***<br>• Halkan tokko Yoseef abjuu arge. Ergamaan Yoseefitti mul'atee, "Daa'imni hafuura qulqulluu irraa waan ta'eef, Maariyaam haadha manaa kee godhachuu hin sodaatin" jedheen. ***(Mat. 1: 20)*** *daa'imni kun Ilma Waaqayyoo akka ta'e ijoolleef ibsi.*<br>• Ergamaan sun namoota cubbuu isaanii irraa waan fayyisuuf daa'ima kana 'Yesus' jedhee akka waamuu Yoseefitti hime. ***(Mat. 1: 21)*** *Yesus jechuun "Fayyisaa" jechuu akka ta'e ibsi. Jireenya guyyaa guyyaa keessatti, fayyisaan maal akka ta'e irratti mari'adhaa ,fkn namni balaa bishaanii isa mudate fayyisaa ykn nama isa oolchu barbaada) Hojii Yesus Fayyisaa ta'ee hojjete ilaalchisee ibsa ijoolleef kenni. Macaafni qulqulluun namni hunduu adabbii cubbuu jalaa fayyuu akka qabu dubbata. Yesus cubbuu hin qabu, kanaafuu inni adabbii cubbuu biyya lafa hundaa fudhachuudhan fannoorratti du'e. Macaafni qulqulluu tokkkon tokkoon dhiifama cubbuu argachuuf Yesus akka fayyisaa isaanitti fudhachuu akka qaban dubbata.*<br>• Yoseef yemmuu irriibaa ka'u, akkuma itti himametti Maariyaam fuudhe. Yeroo muraasa boodde yemmuu daa'imichi dhalatu Yoseef 'Yesus' jedhee maqaa moggaase. ***(Mat 1: 24-25)****. Ajaja Yoseefitti kennamee fi akkamitti akka raawwate ijoollee gaafadhu. Barbaachisumma ajajoota Waaqayyo Macaafa qulqulluu keessa jiraniif abbomamuu fi dhaga'uu ibsi. Wajjin ta'uun ajajoota waaqayyo Macaafa qulqulluu keessa akka hordifnuuf nuuf kenne tarreessaa.*<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI Dabalata C keessaa ilaali- Yoseef fi ergamaa. |
| **BARADHU** | Barsiisa fi ibsa, bakka barbaachisaa ta'etti, luqqisii ijoo. ***Mat.1: 21*** |
| **YAADADHU** | Akka keessa deebiitti gaaffii kana ijoollee gaafadhu.<br>• Yoseef enyuu fuudhuuf ture?<br>• Oduun Maariyaam Yoseefitti himte maal ture?<br>• Waaqayyoo akkamitti Yoseefitti dubbate?<br>• Abbaan daa'imicha eenyu ture?<br>• Da'imichi maal jeedhamee waammama?<br>• Yesus jechuun maal jechuudha?<br>• Erga irriiba ka'e Yoseef maal godhe?<br>• Fayyuudhaaf maal ta'uu nu barbaachisa |

**B12 Seenaa 2**

**Namoota ogeeyyii fi Herodis -seenaan kun waa'ee warra ogeeyyiiS Yesus barbaadaniiti.**

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Yesus mootii moototaati.<br>• Yesus waqeeffamuun ni malaaf.<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Mat. 2: 2***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Mat. 2: 1-8*** |
| **SEENSA** | Ijoolllen namoota beekkamoo tokko tokko akka yaadan gaafadhuun. Maqaa isaan eeri ykn suuraa isaanii itti agarsiisi.Tarii, isaan argachuu barbaadda?, yoo argattee maal jettan?, maal goota?, akkamittii isaan ilaalta?<br>Har'a waa'ee namoota karaa deeman tokkoo kan namaa baay'ee barbaachisa ta'e kan si'a tokko jiraate darbe ilaaluuf deemanii akka barannu ijoolletti himi. |
| **BARSIISI** | • Gaaf tokko Ogeeyyiin tokko tokko bakka Yesus itti dhalate irraa fagoo jiraatan, urjii haaraa samii irratti argan. *Kun maal jechuu akka ta'e hubatanii gammadan. Akkamitti Baha irraa imala dheeraa(ji'ootaaf!) deemanii dhumarratti Masaraa Mootii Heroodis akka gahan ibsi. Mooticha Heroodisiin "Mootiin Yihudootaa eessatti dhalate? Urjiin isaa yeroo samiitti mul'attu arginee isa sagaduuf dhufne" jedhaniin.* ***(Mat 2: 1-2)*** *Mootiin haaraan dhalatee Yesus, Ilma Waaqayyoo akka ta'ee fi Mootota jiraatan kamiirraayyuu akka caalu ijoolleef ibsi. Yesuus Mootii Moototaati. Ijoolleen barumsa darberraa maqaan Yesus maal jechuu akka ta'e yaadachuu akka danda'an gaafadhu. Ogeeyyiin Mooticha 'waaqeffachuu' barbaanna yoo jedhan maal jechuu akka barbaadan irratti mari'adhaa? Yesus waaqeffamuun kan maluuf maaliifi?*<br>• Heroodis waa'ee Mootii haaraa yommuu dhaga'u ni yaadda'e. Namni biraa bakka isaa Mootii ta'ee akka bu'u hin barbaanne. Gorsitoota isaa tokko tokko waamee Mootiin haaraan kun eessatti akka dhalatu gaafate. Caaffata qulqullaa'oo keessa sakatta'anii, mucaan kun magaalaa Beetliheem jedhamtu keessatti akka dhalatu hubatan. ***(Mat. 2: 3-6)***<br>• Herodis namoota ogeeyyii sana ofitti waamee "Deemaa mucicha barbaadaa gaafa argattan deebi'aati eessa akka jiru natti himaa, anillee akkan deemee sagaduuf" jedheen. ***(Mat. 2: 7-8)*** *Heroodis dhuguma Mootii haaraaf sagaduu akka hin barbaanne ibsi; Isa ajjeesuuf barbaade malee. Ijoolleen maaliif Heroodis mootii haaraa ajjeesuu barbaade jedhanii yaadu? gaafadhuun. Har'as namoonni baay'een Yesusiin akka isaan ilaaluu qabanitti akka hin ilaalle, garuu Waaqayyo akkuma namoota ogeeyyii san Yesusiin akka jaallannuu fi akkawaaqeffannu barbaada.*<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI Dabalata C keessaa ilaali- namoota ogeeyyii fi Herodis. |
| **BARADHU** | Barsiisa fi ibsa, bakka barbaachisaa ta'etti, luqqisii ijoo. ***Mat. 2: 2*** |
| **YAADADHU** | Akka keessa deebii seenichaati gaaffii kanaa ijoollee gaafadhu.<br>• Samii irratti maaltu mul'ate?<br>• Ogeeyyiin kallattii kamirraa dhufan?<br>• Eessa deeman, Mootii haaraa barbaaduuf?<br>• Mootiin isaan haasofsiisan maal jedhama ture?<br>• Mootichi Heroodis waa'ee Mootii haaraa yommuu dhaga'u maaltu itti dhaga'ame?<br>• Mootiin kun magaalaa akkamii keessatti akka dhalatu argatan?<br>• Heroodis Ogeeyyiin maal akka godhan itti hime?<br>• Mootii kamiyyuu caalaa eenyutu caala? |

## B12 Seenaa 3

**Namoota ogeeyyii fi Yesus- Seenaan kun waa’ee namoonni ogeeyyii sun urjiin gaggeeffamanii Yesusin barbaaduu isaaniiti.**

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Namoonn ogeeyyiin sun Yesusiin waaqeffatan, kennaa baay’ee adda ta’es isaaf kennan.<br>• Har’as Yesusiin waaqeffachuu qabna.<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Mat. 2: 11***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Mat. 2: 9-12*** |
| **SEENSA** | Marii – Kennaawwan siif kaennaman keessa isaa kamtu caalaa? (Ijoolleen fakkii isaa akka kaasan gochuu dandeessa). Daa'ima haaraa yemmuu dhalattuu kennaa akkamii kennitaaf?<br><br>Har'a waa'ee kennaa ogeeyyonnii kennan akka barannu ijoolleef ibsi.<br>Ijoolleen barnoota darbe keessatti waa’ee namoota ogeeyyii maal akka baratan akka isinitti himan gaafadhu. |
| **BARSIISI** | • Jarri ogeeyyiin Heroodis dhiisanii karaa isaanii itti fufan. Urjii sana ammas arganii gara bakka sirrii Yesus jirutti isaan geesse. ***(Mat. 2: 9-10)*** *Ogeeyyiin urjii kana yommuu argan maaltu akka itti dhaga’amu irratti mari’adhaa. Maaliif akkas itti dhaga’ama ture?*<br>• Ogeeyyiin kun mana Beetaliheem bakka Yoseef, Maariyaamii fi daa'imichi Yesuus jiran ga'an. Keessa seenani yesuusiin yommuu argan kufanii isaaf sagadan. Kennaa sadii isaaf kennan: warqee, ixaana, (innis dhangala’aa muka irraa argamu kan urgooftuu keessatti fayyadamnu) fi qumbii (Kunis muka qoree kan yoo ta’u, urgooftuuf ykn qorichaaf oola). ***(Mat. 2: 11)***.<br>• *Kenna kun daa’imaaf kan kennamu ykn kan kennanii beekan yoo ta’e ijooollee gaafadhu. Kennawwan kun baay’ee qaalii fi mootii qofaaf akka kennamu ibsi. Marii- namonni ogeessonni su maaliif kenna yesusif kennan gaafadhu. Kenna akkana kanaa nuti kennuu hin dandeenyu. Kan nuti gochuu dandeenyu waaqeffachuufi waan nuuf godheef isa galateffachu qofa.*<br>• Yeroo muraasa booda yeroon warri ogeeyyiin sun gara manaatti deebi'an ga'e. Herodis akka deebi'anii daa'imni eessatti akka dhalate akka itti himan gaafatee ture, garuu Waaqayyo abjuudhaan gara Heroodisitti akka hin deebine akeekkachiise, kanaaf karaa biraan gara manaatti deebi'an. ***(Mat. 2: 12)*** *Mari’adhaa – Ogeeyyiin gara manaatti yoo deemaa maaltu itti dhaga’ama jettanii yaaddu? Gaafa mana ga'an maal jedhanii namootatti himu jettanii yaaddu?*<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI Dabalata C keessaa ilaali- namoota ogeeyyii fi Yesus |
| **BARADHU** | Barsiisa fi ibsa, bakka barbaachisaa ta’etti, luqqisii ijoo. ***Mat. 2: 11*** |
| **YAADADHU** | Akka keessa deebii seenichaati gaaffii kanaa ijoollee gaafadhu.<br>• Ogeeyyiin ammas samii irratti maal argan?<br>• Urjii kana yommuu argan maaltu itti dhaga’ame?<br>• Urjiin garamitti isaan geesse?<br>• Eenyu mana keessa ture?<br>• Ogeeyyiin Yesusiin yommuu argan maal godhan?<br>• Kennaa meeqa Isaaf kennan?<br>• Kennaawwan keessaa tokko maqaa dhahi.<br>• Ogeeyyiin akkamitti karaa biraan gara manaatti deebi'uu murteessan? |

## B12 Seenaa 4

**Baqannaa gara Gibxitti- seenaan kun waa'ee Waaqayyo ilma isaa kunuunsuuti.**

| | |
|---|---|
| | **Akkas barachaa jirra:**<br>• Waaqayyo ilma isaa yesuus eege.<br>• Akka Yesus, Maariyam fi Yoseef Waaqayyoo abbomamuu qabna.<br><br>**Luqqisa Ijoo:** ***Mat. 2: 15***<br>**Kutaa Macaafa Qulqulluu:** ***Mat. 2: 13-23*** |
| **SEENSA** | Ijoolleen abjuu arganii beekan akka sitti himan gaafadhu.<br>yeroo macaafa qulqulluutti kana keesstti abjuun yeroo baay'ee hiika addaa akka qabu ijoollee yaadachiisi. Waa'ee abjuu hanga ammaa seenaa keessatti baratan (abjuu Yooseef, abjuu Beektotaa) akka sitti himan gaafadhu.<br>Har'a waa'ee abjuu biraa barachuuf jirra. |
| **BARSIISI** | • Ogeeyyonni erga deemanii booda Yoseef abjuu biraa arge. Abjuu sana keessatti Waaqayyo Heroodis baay'ee waan aareef Yesusiin ajjeesuuf barbaada akka jiru Yoseefitti hime. Waaqayyo Yoseefitti Yesusiifi Maariyaam fudhatee gara Gibxiitti baqatan, achittis akka nagaa ta'an itti hime. ***(Mat. 2: 13)*** *Marii - Yoseef yeroo abjuu kana argu maaltu itti dhaga'ame sitti fakkaata?*<br>• Halkan sana Yoseef wanta itti himame raawwatee, maatii isaa fudhatee gara Gibxii deeme. Hanga mootichi Herodis du'uu isaa dhaga'anitti yeroo muraasaaf achi turan. ***(Mat. 2: 14-15)*** *Marii - Osoo Yoseef akka Waaqayyo abjuudhaan itti himetti hin hojjenne ta'ee maaltu ta'a jettanii yaaddu? Yoseef baay'ee barbaachisaa waan ta'eef, akkuma Waaqayyo itti hime raawwateera. Ijoolleen kun maaliif akka abrbaachise akka tilmaaman gaafadhu. Sodaachuun akka hin qabne itti himi.*<br>• *Waaqayyo raajonni waa'ee dhalachuu Yesus, dhalachuu isaa waggoota dhibbaan lakkaa'aman dura akka barreessan gaafate. Raajota kana keessaa tokko Hose'aa ture. Macaafni isaa kakuu moofaa keessa jira. Waa'ee Yesus Gibxii keessa jiraachuu isaa barreesse.*<br>• *Luqqisii Ijoon waa'ee Yesus Gibxii keessa jiraachuu isaa akkamitti akka dubbatu ibsi – Waaqayyo Heroodis maal gochuuf akka barbaadu yeroo dheeraa dura beeka ture. Waan ta'e hundumaa keessatti Waaqayyo Ilma isaa eegaa ture.*<br>• Yeroo Heroodis du'u ergamaan biraa gara Israa'el deebi'uuf nagaa akka ta'e Yoseefitti hime. Ammas Yoseef abboomame. *Waa'ee kunuunsa fi egumsa Waaqayyo sirritti ibsi.*<br>• Yooseef, Maariyaamii fi Yesuus magaalaa Naazireet jedhamtu keessa jiraachuuf deebi'an. ***(Mat. 2: 19-23)*** *Yesus Naazireet keessatti warra isaa, ollaa isaa fi hunda caalaa immoo Waaqayyo abaa isaa gammachiisaa akka guddate ijoolleetti himi.* ***(Luq. 2: 52)*** *Waaqayyo wantoota isa gammachiisan akka hojjennu akka barbaadu ijoollee yaadachiisi.*<br>• *Isa gammachiisuuf wanti nuti gochuu dandeenyu guddaan, Yesus akka fayyisaa keenyaatti waan nuuf aegeef isa galateeffachuu fi cubbuu keenyaaf akka dhiifama argannuuf isa kadhachuudha.*<br><br>**Barumsa yeroo Macaafa Qulqulluu xumuri.**<br>**Agarsiisi:** Liinkii FBI Dabalata C keessaa ilaali- Baqannaa gara Gibxitti |
| **BARADHU** | Barsiisa fi ibsa, bakka barbaachisaa ta'etti, luqqisii ijoo. ***Mat. 2: 15***. |
| **YAADADHU** | Akka keessa deebii seenichaati gaaffii kanaa ijoollee gaafadhu.<br>• Ogeeyyoonni erga deemanii booda Yooseef maaltu mudate?<br>• Waaqayyo Yooseef eessa akka deemu itti hime?<br>• Maaliif achi deemuun isarra ture?<br>• Yooseef eenyuun fudhatee gara Gibxii deeme?<br>• Yoom gara biyyaatti deebi'an?<br>• Biyya kam keessa jiraachuuf deeman?<br>• Yesus Naazreet keessatti akkamitti guddate?<br>• Waaqayyoon gammachiisuuf maal gochuu qabna? |

# Qajeelfama Barsiisotaaf Barnoota Mallattoo

**BARNOOTA SADARKAA 1FFAA:**

- Torban tokkoon tokkoof kitaaba xiqqaa keessatti fuulonni afur kan irra caalaa jechoota muraasa halluu itti dibuu, fi hojiiwwan salphaa biroo of keessaa qabu.
- Torbanitti qabxiin 20 kan ramadamu yoo ta'u, ji'aaf qabxiin ol'aanaa 80 ta'a.
- Daa'imman barnoota Sadarkaa 1ffaa fudhatan baay'isanii dubbisuun irraa hin eegamu, warri / guddistoonni / geggeessitoonni akka isaan gargaaran ni eeganna.

**BARNOOTA SADARKAA 2FFAA:**

- Kitaabota xiqqaa keessatti torbanitti fuula afur.
- Seenaan barnooticha keessa jira. Barattoonni jechoota adda addaa barnooticha keessaa baruu, halluu tokko tokko gochuu, keeyyata furtuu xumuruu fi kkf qabu.
- Torbanitti qabxiin 20 kan ramadamu yoo ta'u, ji'a sanaaf yoo baay'ate 80, yeroo barnoonni guutummaatti sirrii ta'etti.

**MALLATTOO YEROO MACAAFA QULQULLUU**

**GARGAARSA MALLATTOO GOCHUU**

Barsiisonni gaafatamummaa,qaban keessaa jalqaba akka:

- Tokkoon tokkoon barnootaa keessaa sakata'anii fi deebii sirrii ykn sirrii hin taane irratti mallattoo kaa'an.
- Qabxii barbaachisaa ta'e akkaataa qajeelfama kennameen kennan.
- Yeroo hunda halluu walfaallaa ta'een mallatteessuun deebii sirrii tokkoon tokkoon isaa irratti TICK godhan.
- Deebii sirrii ta'e, bakka barbaachisaa ta'etti kaa'anii dogoggora qubeessuu kamiyyuu sirreessan, haa ta'u malee kanaaf qabxiin tokkollee kan hin hir'ifamne ta'us.
- Deebii gartokkoon sirrii ta'eef qabxii xiqqaa kennuu.
- Ida'ama ji'aa walitti fidudhaan fuula duubaa irratti bakka kennametti barreessan.

Haqaan arjaa ta'uu fi barattoota Qo'annoo Macaafa Qulqulluu isaaniitiin jajjabeessuuf waan danda'amu hunda gochuun barbaachisaadha. Bakka danda'ametti ji'a ji'aan barsiisaan jecha jajjabinaa barattootaaf barreessuun gargaaradha. kun akka raawwatamuuf waraqaa barnootaa irratti bakki kennameera. Waa'ee halluu gaarii, sirrii ta'uu, qabxii argate, hubannoo barataan barnootichaaf qabu fi kkf irratti yaada kennuu ni danda'ama.

Yaadni hanga danda'ametti adda adda akka ta'u yaalla. Gaaffii, ibsi, ilaalcha, jajjabina fi kkf hundi isaanii garagarumma yaadaa eeguuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Itti yaadu gaafata, garuu fedhii barataa eeguun (jiraachisuun) barbaachisaa dha. Ibsi ykn gaaffiin tokko ji'a ji'aan irra deddeebi'amaa yoo jiraate dhiibbaa isaa ni dhaba.

**SADARKAA 1ffaa**

**Yaada waliigalaa**

"Lataa – Barnoota kana jalqabuu keetti gammadeera, akka itti gammaddu abdiin qaba. Halluu ati dibde baay'een jaalladha.Mana barumsaa ni deemtaa? Waa'ee isaa natti himi. Yeroo dhiyootti sirraa dhaga'uuf hawwii guddaan eeggachaan jira."

"Gaarii hojjetteetta Caaltuu. Maal halluu miidhaan akkasii! Sararan ala osoo hin bahin sarara keessatti dibuun rakkisaa turee? Ati barumsa isa dhumaa irratti halluu itti dibuudhaan xiqqoo qofa dhabde."

**Yaada hafuuraa**

"Gaarii hojjettee Saaraa. Yaayiros yeroo Yesus isa gargaaru baay'ee gammade ture."

"Deebii baay'ee gaarii! Seenaan Yesus du'uu isaa nama gaddisiisa, garuu wanti nama gammachiisu inni deebi'ee ka'uu isaati."

**SADARKAA 2ffaa**

**Yaada waliigalaa**

"Deebii gaariidha, Tolaa – barsiisaan kee hojii mana barumsaa keessatti hojjettutti baay'ee akka gammade beekamaadha!"

"Yeroo dhiyootti guyyaa dhaloota kee akka ta'u nan yaada, Caalaa. Waan addaa hojjechaa jirtuu? Waan ta'e hojjedhaa hundafuu, guyyaa gaarii isiniif haa ta'u!"

"Dhugumaan cimtee yaalteetta. Dogoggora xixiqqoo muraasa qofatu jira. Deebii keessan ilaaluu hin dagatinaa yeroo hundumaa."

**Yaada hafuuraa**

"haali ati Yesus yeroo daa'imummaa isaa mana nyaataa keessatti halluu itti dibde natti tola. Waaqayyo Isa gara biyya lafaa nuuf jecha erguun isaa gaarii hin turree?"

"Halluu kee baay'een jaalladha! Zakkaariyaas wanta Waaqayyo dubbatetti amanuu dhabuu isaatiif gatii kaffaluu qaba ture. Inni gonkumaa Dubbii Waaqayyoo shakke."

"Deebii gaarii ta'edha. Namichi gammoojjii keessatti Filiphisi'oos waliin wal arge dhuguma gammachuudhaan deeme. Inni waan dhaga'ee fi misiraachoo waa'ee Yesus dubbatame amane ture."

| ibsa dabalataa (appendix) A - Sadarkaa 0 & 1 Fakkiiwwan Macaafa Qulqulluu Bilisaa | | |
|---|---|---|
| | Mata-duree | Fakkiiwwan Seenaa |
| B7 | Yoseef | **Obboleessonni Yoseef dhufuu isaanii** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/preschool-joseph-brothers/ |
| | | **Beniyaam fi Oduu Gaddisiisaa!** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/preschool-joseph-reunion/ |
| | | **Araara fi Oduu Gammachiisaa!** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/preschool-joseph-reunion/ |
| | | **Gibxii keessatti waliin** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/preschool-joseph-reunion/ |
| | | |
| B8 | Namoota Yesus qunname | **Namoota Yesus qunname - Dubartitti dhukkubsatte** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/gnpi-024-peter-mother-in-law/ |
| | | **Namoota Yesus qunnaman - Namicha dhukkuba laamxiin qabame** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/gnpi-025-jesus-leper/ |
| | | **Namoota Yesus qunname - Namicha gargaarsa hin qabne** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/yo-jesus-lame-man/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/btbm-lame-man/ |
| | | **Namoota Yesus qunname – Maatewos** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/gnpi-027-matthew/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/jesus-zacchaeus-preschool/ |

| ibsa dabalataa (appendix) A - Sadarkaa 2ffaa Fakkiiwwan Macaafa Qulqulluu bilisaan | | |
|---|---|---|
| | Mata-duree | Fakkiiwwan Seenaa |
| B7 | Yoseef | **Obboleessonni Yoseef dhufuu isaanii** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/joseph-brothers-1/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/yo-joseph-brothers/ |
| | | **Beniyaam fi Oduu Gaddisiisaa!** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/yo-joseph-reunion/ |
| | | **Araara fi Oduu Gammachiisaa!** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/yo-joseph-reunion/ |
| | | **Gibxii keessatti waliin** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/joseph-reunion/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/photos/joseph-jacob/ |
| | | |
| B8 | Namoota Yesus qunname | **Namoota Yesus qunname - Dubartitti dhukkubsatte** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/gnpi-024-peter-mother-in-law/ |
| | | **Namoota Yesus qunname - Namicha dhukkuba laamxiin qabame** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/gnpi-025-jesus-leper/ |
| | | **Namoota Yesus qunname - Namicha gargaarsa hin qabne** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/yo-jesus-lame-man/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/gnpi-026-jesus-paralytic/ |
| | | **Namoota Yesus qunname – Maatewos** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/gnpi-027-matthew/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/jesus-matthew/ |

| ibsa dabalataa (appendix) B - Sadarkaa 0 & 1 Fakkiiwwan Macaafa Qulqulluu Bilisaa | | |
|---|---|---|
| | **Mata-duree** | **Fakkiiwwan Seenaa** |
| **B9** | **Musee** | **Dhalachuu Musee** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/sb-baby-moses/ |
| | | **Dogoggora guddaa Musee** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/sb-baby-moses/ |
| | | **Museen huuxxii gubatu arge** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/sb-burning-bush/ |
| | | **Museen ergaa Waaqayyoo geessuu isaa** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/sb-burning-bush/ |
| | | |
| **B10** | **Musee** | **Musee fi dhahicha jalqabaa** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/sb-moses-plagues/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/fl-moses-plagues/ |
| | | **Musee fi dhahicha isa dhumaa** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/fl-moses-plagues/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/sb-passover/ |
| | | **Musee fi Gibxii ba'u** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/sb-passover/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/sb-red-sea/ |
| | | **Museen waaqayyoon galatteeffate** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/sb-red-sea/ |

| ibsa dabalataa (appendix) B - Sadarkaa 2ffaa Fakkiiwwan Macaafa Qulqulluu bilisaan | | |
|---|---|---|
| | **Mata-duree** | **Fakkiiwwan Seenaa** |
| **B9** | **Musee** | **Dhalachuu Musee** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/yo-moses1/ |
| | | **Dogoggora guddaa Musee** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/moses-prince/ |
| | | **Museen huuxxii gubatu arge** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/sb-burning-bush/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/yo-moses2/ |
| | | **Museen ergaa Waaqayyoo Geessuu isaa** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/sb-burning-bush/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/yo-moses2/ |
| | | |
| **B10** | **Musee** | **Musee fi dhahicha jalqabaa** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/sb-moses-plagues/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/moses-plagues-1/ |
| | | **Musee fi dhahicha isa dhumaa** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/moses-plagues-2/ |
| | | **Musee fi Gibxii ba'u** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/yo-moses2/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/moses-red-sea/ |
| | | **Musee fi isra'eel waaqayyoon galatteeffatan** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/moses-food-water/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/yo-moses3/ |

## ibsa dabalataa (appendix) C - Sadarkaa 0 & 1 Fakkiiwwan Macaafa Qulqulluu Bilisaa

| | Mata-duree | Fakkiiwwan Seenaa |
|---|---|---|
| **B11** | **Musee** | **Waaqayyo nyaata ni kenna** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/ls-moses-manna/ |
| | | **Waaqayyo kadhannaa ni deebisa / Waaqayyo moo'icha kenna** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/moses-amalekites/ |
| | | **Waaqayyo abboommiiwwan ni kenna** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/rg-moses-10-commandments/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/ls-moses-commandments/ |
| | | **Waaqayyo lubbuu namoota ni oolcha / Waaqayyoo fayyina kenna** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/moses-serpent/ |
| | | |
| **B12** | **The Christmas Story** | **Yoseef fi ergamicha** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/birth-jesus-preschool/ |
| | | **Namoota ogeeyyii fi Herodis** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/bpa-christmas/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/dm-wise-men/ |
| | | **Namoota ogeeyyii fi Yesus** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/bpa-christmas/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/lgr-birth-jesus/ |
| | | **Baqannaa gara Gibxitti** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/yo-wise-men/ |

## ibsa dabalataa (appendix) C - Sadarkaa 2ffaa Fakkiiwwan Macaafa Qulqulluu bilisaan

| | Mata-duree | Fakkiiwwan Seenaa |
|---|---|---|
| **B11** | **Musee** | **Waaqayyo nyaata ni kenna** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/moses-food-water/ |
| | | **Waaqayyo moo'icha kenna** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/moses-amalekites/ |
| | | **Waaqayyo abboommiiwwan ni kenna** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/moses-sinai/ |
| | | **Waaqayyo fayyina kenna** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/moses-serpent/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/gnpi-017-nicodemus/ |
| | | |
| **B12** | **The Christmas Story** | **Yoseef fi ergamicha** |
| | | https://www.freebibleimages.org/photos/joseph-angel/ |
| | | **Namoota ogeeyyii fi Herodis** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/yo-wise-men/ |
| | | **Namoota ogeeyyii fi Yesus** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/yo-wise-men/ |
| | | **Baqannaa gara Gibxitti** |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/yo-wise-men/ |
| | | https://www.freebibleimages.org/illustrations/gnpi-009-flight-egypt/ |

© Bible Educational Services 2023

www.besweb.com

Registered Charity UK CIO 1186004

OM (Oromo) 02/2026